# Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaatan hanga addeenyi bobaa isaanii lamaan mul’atutti jidduu harka isaanii lamaan kan adda fageessan ta'an

Abdullaah bin Maalik Ibnu Buheynah irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo salaatan hanga addeenyi bobaa isaanii lamaan mul’atutti jidduu harka isaanii lamaan kan adda fageessan ta'an.
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo sujuuda godhan haala sujuuda irra jiraniin jidduu harka isaanii lamaan kan adda fageessan ta'an; hunduma harkaatuu akka baallee lamaanitti cinaacha isatti aanu irraa hanga halluun gogaa bobaa isaanii lamaan mul’atutti kan fageessan ta'an. Kun harka lamaan akka baallee taasisanii cinaacha lamaan irraa isaan fageessuu keessatti hoonga gahuu irraayi.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3220